

Mammaaksota Oromoo Qubee 'A'n Jalqaban.

- 1 Agabuu si bulchuuf ganamaan si beelessa.
- 2 Ajjeechaarra sukkuummaan sodaadha jette tafkin.
- 3 Akka abaluun sirbaan morma nama jallisa jedhan.
- 4 Akka beekan bulan
- 5 Akka cabanitti hin hokkolan.
- 6 Akka durii fi harka xuriitti hin hafan
- 7 Akka ganamaa seetee narra hin ejjettiin jette sokoruun.
- 8 Akka garaakoo jette sareen nama gararraan bishaan dhugdii jedhan.
- 9 Akka haroon hin guunne akka raachi hin duune jedhan.
- 10 Akka ija tiyyaa maaltu naaf kajeela jette sareen
- 11 Akka jedhan dhageetee shaniin gufufaan deete.
- 12 Akka kufanii hin cabani.
- 13 Akka ormaattan sirbaan morma nama jallissa.
- 14 Akka qottiyyoon gooba jettee raachi dhootee duute
- 15 Alaa manatti galan.
- 16 Alagaa fi dukkanatti ija hin baasan
- 17 Alagaa ilkaan malee garaa isaa hinargani.
- 18 Alagaan gaafa kolfaa firri gaafa golfaa.
- 19 Anatu Caalaan ciinciraa haaduu afaan buute
- 20 Ani hin hanbifannee, ati hin qalbifanne jedhe namichi.
- 21 Ani hin hanbifannee, ati hin qalbifanne" jedhe namichi.
- 22 Ani hoo duruu gubattuudha jette beddeen mana keessa gubatee

- 23 Arbi lama yoo wallole kan miidhamu sambaleeta.
- 24 Argaa toleef goromsi hin ottoomu.
- 25 Ari'ii biyyaa baasii qabii itti hasaasi.
- 26 Ariifataan hori gata
- 27 Ari'ii biyyaa baasii qabii itti hasaasi.
- 28 Arrabakoo yaa laxxisaa, situ faallee na hanqisa.
- 29 Arrumaa salaattee arrumaa maraatte.
- 30 Ayyaanni haftuu haadha warraa ajjeesa.